# Access Mental Health 1800 332 388

# dhaabbata “Tasmaaniyaa Lifeline” waliin ta’uun

## Eenyuuf?

Tajaajilli Access Mental Health service jedhu nama kamiyyuu kan umrii kamiituu yookiin nama namoota amaloota  asii gadiitti tarreeffaman qaban beekaniif

- Jijjiirama miiraa ifa ta’e agarsiisuu
- Amaloota qindaa’ina hin qabne muldhisuu
- Wantoota hin jirre arguu/dhaga’uu
- Yaaddoo fi sodaa qabaachuu
- Yaada of ajjeesuu ibsuu

## Akkamitti argachuu dandeessa?

Namni kamiyyuu Tasmaaniyaa keessa jiru kallattiin Access Mental Health bilisaan **1800 332 388** irratti bilbiluu danda’a.

## Akkamitti hojjeta?

Access Mental Health hawaasa Tasmaaniyaa deeggaruun sirna fayyaa sammuu Tasmaaniyaa salphaatti akka argatan gochuuf torbanitti guyyoota 7 sa’aatii 24 hojjeta.

## Eenyutu harka keessaa qaba?

Access Mental Health tajaajila jedhamu kana kan kennu Kutaa Fayyaa Tasmaaniyaa dhaabbata Lifeline Tasmaaniyaa waliin ta’uudhaani. Ogeessota fayyaa sammuu ogummaa fi muuxannoo qabaniin kan hojjetamudha.

## Gargaarsa akkamii argatta?

✓ hatattamaa bilbilaan gorsa argatta
✓ Odeeffannoo waa’ee sirna fayyaa sammuu Tasmaaniyaan
✓ Yoo barbaachise gara tajaajila fayyaa sammuu mootummaatti rifaralaa gochuuf gargaaruu

**Yoo ati ykn namni biraa balaa hatattamaa keessa seene dursa Tajaajila Balaa Tasaa 000 bilbili.**

Damee **Fayyaaa**

Tasmanian Government